IBSA AARREEDIIN GADI LAKKIFAMU

Haasawa Adda Demokraatawaa Oromoo fi Mootummaa Itoophiyaa Gidduu

Ebla 13, 2018

Jilli ol'aanaan aanga'oota Mootummaa Federaala Itoophiyaa fi jilli Adda Demokraatawaa (ADO) Oromoo, Ebla 11-12, 2018tti, jijjiiramoota biyya keessatti tatta'aa jiran irratti haasawa firii-qabeessa deemsisan. Ejjanna dhaabbataa yeroo dheeraaf ittiin masakamaa ture irra dhaabbachuudhaan, ADO jijjiiramoota deemaa jiran gadifageessuu fi babal'isuuf kutannoo qabu haaromse. Jilli mootummaas kanneen karaa hidhannoo-maleessaan qabsoo geggeessan cufa haasofsiisuuf qophii ta'u irra deebi'e ibse.

Gamni lachii mariin kuni marii irra baldhaadhaaf kan jalqabaa fi kan karaa saaqu ta'uu jala muran. Wanti ammallee guutumuu qaban hedduu ta'ullee, ADO tarkaanfiilee qajeelaa mootummaan dhiheenya kana fudhate gammachuun simate. Akka kanaan, humnoonni sirni dhugaan haqaa fi demokraatawaa ta'e akka dhugoomu barbaadaan, kan biyya keessaa fi alattis socho'aa jiran, marti qabsoo isaanii karaa nagayaan geggeessuuf ejjannoo fudhachuun akka simatan jajjabeessina.

ADOn jijjiiramoonni fudhatamaa jiran kunniin akka fiixa ba'an gochuuf gahee isaa taphachuuf qophiidha. Kanaafis jilli dhaaba keenyaa haasawa kana goolabuuf dhihotti gama biyyaa akka imaluu woliifgalamuu gammachuun ibsina.

Bilisummaa fi haqa ummataa hundaaf!

Adda Demokraatawaa Oromoo (ADO)